

Tajaajjilli eegala kunuunsa fayyaa qalbii gargaarsa maallaqaa Brisbane North PHN fi Brisbane South PHN irraa kara tajaajila Sagantaa PHN fi Aadaa Sammuu Mootummaa Australia, Damee Fayyaa Queensland kara Tajaajila Gargaarsa Fayyaa Qalbii Hawaasaa gargaarsa maallaqaan deggerame.

**Quality Certified** Service

# Nu qunnami

## Akka itti gargaarsa argattu

Gargaarsa yoo barbaadde (07) 33332100 bilbilii **Gaggeessaa Sagantaa Fayyaa Qalbii** (**Mental Health Program Manager**) gaafadhu.

Yoo hin jirru  tahe dhaamsa nuuf kaa'i hanga danda'ametti daddaffiin deebisnee siif bilbillaa. Nama afaan siif hiiku waliinis deebisnee siif bilbilla.

Afaan keetiinis tarii email kanatti nuuf erguu dandeessa:

mentalhealth@worldwellnessgroup.org.au


World Wellness Group

33 Stoneham Street
Stones Corner  Qld  4120
Ph: (07) 3333 2100
Fax: (07) 3397 1358
ABN 95154368804


World Wellness Clinic



# TAJAAJILA FAYYAA QALBII FI NAGEENYAA


(07) 3333 2100

worldwellnessgroup.org.au

# Tajaajila si gargaaru

Kilinika World Wellness nuti waa'ee fayyaa qaamaa fi qalbii kee kunuunsa ni godhna. Waa'ee afaan, aadaa fi amantii kees ni kunuunsina.

Gargaarsa gamtoomaa (social), kan miraa (emotional) fi qablii (mental) kan kennan sagantaa sadii ni qabna.

Rakkoo qabatamaa nageenya qalbii kee irratti dhiibbaa kan fidus furuu si gargaarra.

Tajaajilli keenya hogeessota fayyaa qalbiitiin kan ragga'ee fi hicitiinis guutummaatti kan eegamuu dha. Odeeffannoo dhuunfaa kees ni kabajna.



Tajaajilli keenyas tola kennama.

# Sagantaa keenya

### Aadaa Yaada Keesha Galcha (Culture in Mind)

Sagantaan kun namoota rakkoo fayyaa qalbii wal xaxaa tahe qaban kan gargaarsa qabatamaa barbaadan gargaara. Deggersaa miiraa fi gamtoomaas kenna. Akkasumas, waan yaadde akka siif guutu fi fooyyoftu, walitti dhufeenya gaarii akka qabaattuu fi fayyummaan qalbii fi nageenyi kee wanneen miidhan irraa akka fooyyoftu si gargaarra.

### Sagantaa Wal'aansa Qor-qalbii Aad-daneessa (Multicultural Psychological Therapies Program)

Sagantaan kun ogeessota fayyaa qalbii kan wal'aansa qor-qalbii siif kennan waliin walitti si fida. Kunis namoota dhibee qalbii xixiqaa irraa hanga gudguddaatti qaban, kan akka yaaddoo fi daafurummaa (depression) kan gargaaruu dha. Hayyama kee yoo tahes, hojjetoota si gargaaran, afaan kee kan dubbatan fi tartiibaa fi wal'aansa siif kennanu kan siif ibsan fi aadaa kee ogeessota fayyaa qalbiif kan ibsan waliin wal si agarsiisuu dandeenya.

### PM Pilas (PM Plus)

Sagantaan qabatamaan kun rakkina kee akka itti furattuu fi dandeettii kee siif dabaluuf qophaa'e:

- Muddama kee to'achuu
- Akka itti of jajabeessitu barbaaduu fi ittis fufuu
- Wal deggersa gamtoomaa (social support) kee cimsatuu
- Nagummaa kee eeggachuu



# Aadaa, afaan fi amantii kee ni kabajna

Aadaa, afaan fi amantii keetiif ulfinaa fi kabajaa ni qabna.

Tarii afaan keetiin nutti dubbachuu akka jaalatu ni hubanna. Si waliin dubbachuuf nama afaan siif hiiku yookaan hojjettoota keenya si gargaaran aada adda addaa 50 tahu irraa kan dhufan fi afaanota 60 ol keessatti kan dubbatamu irraa nama siif qopheessuu dandeenya.

Ogeessotni fayyaa qalbii ragga'anii jiranis aadaa fi afaan addaa addaa irraa kan walitti dhufanii dha.

Si waliin wal arguuf abdanna.